# Mana saree fi suuraan keessa jiru malaa'ikaan hin seentu

Abuu xalhaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Mana saree fi suuraan keessa jiru malaa'ikaan hin seentu».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-malaa'ikaan rahmataa mana saree fi suuraan waan lubbuu qabuu keessa jiru akka hin seenne himani; sunis suuraan waan lubbuu qabuu: badii fokkataa waan ta'eefi, uumama Rabbiitti fakkeessuun waan isa keessa jiruuf jecha, akkasuma sababaa gara shirkiitti qaqqabsiisu waan ta'eef jecha, gariin isii suuraa waan Rabbii gaditti gabbaramuuti. sababiin mana sareen keessa jirtu malaa'ikaan hin senneef immoo: yeroo hedduu najaasaa waan nyaatuu fi gariin isii sheyxaana jedhamtee waan waamamtuuf jecha; malaa'ikaan immoo faallaa sheyxaanaati. akkasumas fooliin saree badaa waan ta'eef jecha; malaa'ikaan immoo foolii badaa ni jibbiti, akkasumas mana keessatti saree godhachuun irraa dhoorgamaa waan ta'eef jecha; kanaaf namni mana keessatti isii guddifate malaa'ikaan rahmataa mana isaa seenuu, keessatti salaatuu, isaaf araarama kadhachuu, mana isaa irratti barakaa buusuu fi miidhaa sheyxaanaa isa irraa deebisuu dhabuudhaan adabame.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/8950

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee